# Ergaa Phawuloos
# Gara Worra Efesoonii Erge
## Seensa

Ergaan Phawuloos worra Efesooniitiif barreesse waan maraan dura ka itti xiyyeeffattu, «Karoorri Waaqaa dadi ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra jirtu maraayyuu addee takka'atti baallii Kiristoosii tokkochaa jala akka teetu godhiisa» yaada jedhu (1:10). Itti dabaliisaan karaa Yesuus Kiristoosiitiin, sanyiin namaa mara tokko akka teetu, karoora Waaqaa guddaa kana hujii irra akka oolchanu, kolbaa Waaqaa ta yaadachiittu.

Ergaan gara worra Efesoonii kutaa jalqabaa keessatti, barreessaan marroo tokkummaa mata duree jalqabe badhisiisaan Waaqi Abbaan kolbaa ifii attam akka filate, Ilma isaa Yesuus Kiristoosiin cubbuu isaaniitiif araara dhaggatanee, attam akka bilisa te'anee fi, dubbiin Waaqaa ta addii guddo'oo, karaa Ayyaana Woyyichaatiin attamiin akka mirkanootte dubbatti; kutaa lammeesso'oo keessatti, barreessaan worri ergaa tana dubbifatu jireenna woliin qabanu keessatti, Kiristoosiin te'anee tokkummaan isaan qabanu dhugaamettii akka teetu, attam le'iisa akka isaan barbaachisu, isaan yaadachiisa.

Namooti tokkummaa karaa Kiristoosiitiin qabanuun attam godhanee tokkumma'aan le'iisa akka dande'anu, haala dubbii adda addaatiin mudhifameera; wolde'i kiristaanaa akka nafaa yennaa te'u, Kiristoos akka mataa nafaa ti; wolde'i

kiristaanaa akka ijaarsa dhaka'aan ijaaramu yennaa te'u, Kiristoos akka dhakaa roga qaccee ijaarsaa ti; wolde'i kiristaanaa akka niiti'ii yennaa te'u, Kiristoos akka dhirsaa ti; barreessaan ergaa tanaa, marroo badhaadha Waaqaa ka karaa Kiristoosiitiin mudhatee, guddisee maadeffataa yennaa dubbatu, gad fageessee issiisaan dhikeessa; waan maraayyuu karaa jaalala Kiristoosiitiin, karaa woreegamaatiin, karaa araaraatiin, karaa badhaadhaa fi qulqullinnaatiin ilaala.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Itti seensa*1:1-2*
Kiristoosii fi wolde'a kiristaanaa*1:3—3:21*
Kiristoosiin jiruu haareya*4:1—6:20*
Yaada buufataa*6:21-24*

1 Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa
Kiristoos Yesuusii te'e irraa:

Worra Kiristoos Yesuusiif addatantane, kolbaa Waaqaa ta Efesoon keessa jirtanuuf,

2 Waaqi abbaan keennaa fi Goottaan keenna
Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif
kennu.

*Eebba Ayyaantumma'aa Ka Kiristoosiin Dhaggamu*

3 Waaqi Abbaan Goottaa keenna Yesuus Kiris-
toosii, ka Kiristoosiin eebba Ayyaana ol-gubba'aa
maraan nu eebbise, galatoomuu ti!

4 Inni dadama biyya lafaatiin duraayyuu, isa
duratti woyyootaa fi worra komii hin qanne akka
teenu, Kiristoosiin nu filateera.

Jaalala ifiitiin,

---

**1:1** HuE. 18:19-21

5 karaa Yesuus Kiristoosiitiin ijoollee ifii akka
nu godhatuuf Waaqi akka fedhaa fi halchaa ifii
dansa'aatitti duruu murteesseera.
6 Badhaadhi isaa ulfaataan, ka inni Ilma ifii
jaalatama'aan tola nuuf kenne, akka galateeffa-
muuf tana godhe.
7 Akkuma durummaa badhaadha Waaqaatitti,
dhiiga Kiristoosiitiin wodannee, araara cubbuu
teennaa dhaggane.
8 Badhaadha ifiille qaroomaa fi beekkumsa
maraan nuuf dhangalaase.
9 Waaqi akkuma duraan karaa Kiristoosiitiin
karoorfate, dhossaa fedha ifii akka halchaa ifii
dansa'aatitti akka nuuti beennu godhe.
10 Karoorri Waaqi yennaa barri geye
muummessu, dadi ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra
jirtu mara, wolitti qabantee baallii Kiristoosii jala
akka teetu godhiisa.
11 Waaqi waan mara akka fedhaa fi gorsa ifi-
ititti hujatu, jalqaba irrattuu akkuma murtees-
setti, Kiristoosiin kolbaa isaa akka teenuuf nu
filate.
12 Wonni inni tana godheef, nuuti worri Kiris-
toositti addii godhatiisaan worra duraa teene,
akka ulfinna Waaqaatiif galata galchinu*.
13 Isinille ergaa dhuga'aa, Oduu Gammadaa
ta fayyinna keessanii yennaa dhageettane
Kiristoositti dhugeeffattanee, Chaappaa
Ayyaana Woyyicha waadaa galame te'een
mallatteeffantaneertan.

---

**1:7** Qol. 1:14 * **1:12** *Akka ulfinna Waaqaatiif galata galchinu:* Yookiin galata ulfinna Waaqaatiif akka leenu

14 Ayyaanni waan Waaqi kolbaa ifiitiif waadaa gale fudhatiisa keenna hin mirkaneessa. Ulfinna Waaqaatiif galata galchinuu ti.

### *Daadimata Phawuloosii*

15 Waan kanaaf, ani haga Goottaa Yesuusitti dhugeeffatiisa keessanii fi kolbaa Waaqaa mara jaalatiisa keessan dhage'ee jalqabee,
16 daadimata kiyya keessatti isin qaabataa, mar-
roo teessaniif Waaqa galateeffatiisa hin lakkinne.
17 Abbaa ulfinnaa, Waaqa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii, akka isin isa beettanu, Ayyaana qaroo isin godhuu fi ka Waaqa isinitti mudhisu, akka isinii kennuuf daadimadha.
18 Addiin inni itti isin waame maan akka teete, eebbi baasaa ka inni kolbaa ifiitiif addii kennu durummaa attamii akka te'e, qalbiin teessan ba-
nantee ifa isaa akka dhaggitanu,
19 nu worra dhugeeffatulle'eef, hunna isaa ta waan duudi'iin ol teete, attam guddoo akka teete, akka beettanu daadimadha. Hunni tun jabeenna guddaa tama akka,
20 yennaa inni Kiristoos du'a keessaa kaasee, ol-
gubba'atti midda ifiititti isa teessise ittiin hujee ti.
21 Waaqi Abbaan bulchitootaa, worra baallii qabu, hunnootaa fi goottota maraa ol, akkasuma biyya lafaa tana qofatti adoo hin te'in, ta dhut-
tulle'etti, maqaa ulfinnaa ka maqaa maraa olii kenniisaan Kiristoos midda ifiititti teessise.
22 Waaqi waan mara baallii Kiristoosii jala galchee, waan mara irratti mataa godhee wolde'a kiristaanaatiif isa kenne.

23 Wolde'i kiristaanaa nafaa fi guutummaa
Kiristoosii waan mara karaa maraan guutuu ti.

# 2

## *Du'a Keessaa Gara Jiru'uu Dabaruu*

1 Isin sababa yakka'aa fi cubbuu teessaniitiif
duutaneertaniiyyu.
2 Yennaa san isin karaa hamaa biyya lafaa gula
deentane; ayyaana amma kolbaa Waaqaaf hin
ajajanne toowatu, bulchaa hunnoota ayyaanota
qilleensa keessaatiif ajajantane.
3 Dhugumaan marti keennaayyuu akkuma
isaanii halchaa foon keennaatii fi qalbii teennaa
waan guutu mara hujataa, akkuma halchaa
teennaatitti jiraanne. Nuuti akka dadama
keennaatitti, akkuma namoota kaanii, mufii
Waaqaa jala jirraayyu.
4 Waaqi mararti'iin dureessaa ammoo, jaalala
guddaa nu jaalate irraa ka ka'e,
5 yakkaa teennaan yennaa nuuti duuneerru-
uyyuu, inni Kiristoosiin gara jiru'uu nu fide. Isin
badhaadha Waaqaatiin fayyitaneertan.
6 Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin isa woliin
du'a keessaa nu kaasee, isuma woliin addee ol-
gubba'aa keessa nu teessise.
7 Durummaa badhaadha ifii ta hagana hin jed-
hanne, ta arjummaa ifiitiin karaa Kiristoos Yesu-
usiitiin nutti mudhise, baroota dhufulle mudhisi-
isaaf inni tana godhe.
8 Isin badhaadha Waaqaatiin karaa dhugeef-
fanna'aatiin fayyitane malee, hujii teessaniinii
moti; isiin tun kennaa Waaqaa ti.

**1:23** Qol. 1:18

9 Akka nami tokkolle ittiin ifi hin jajne, huji'iinii
moti.
10 Nuuti hujii harka isaa waan teeneef, hujii inni
duraan dursee qopheesse akka hunyuuf, Waaqi
karaa Kiristoos Yesuusiitiin hujii dansa'aaf nu
dade.

## *Karaa Kiristoosiitiin Tokko Te'uu*

11 Isin worri dhalootaan worra Yihudootaa hin
te'in, Yihudoota harka namaatiin haqanqabaa qa-
battee, «Haqanqabaa qabanneerra» ifiin jettuun,
«Worra haqanqabaa hin qabatin» jedhantanee
waamamaa akka turtane qaabadha'a.
12 Isin yennaa san Kiristoos irraa gargar baata-
nee, kolbaa Israa'eliitiif alagaa teetanee, gondo-
oroo addii Waaqi kenneetiif orma teetanee, biyya
lafaa tana keessatti addi'ii fi Waaqa malee akka
leetane qaabadha'a.
13 Amma ammoo, isin worri dur fagaatta-
nee turtane, Kiristoos Yesuus woliin tokkummaa
qabaachu'uun, dhiiga Kiristoosiitiin dhikaatta-
neertan.
14 Kiristoos nageya keenna; dalleya
diinumma'aa ka isaan gargar nu baaseeru dhiiga
ifiitiin diigee, Yihudootaa fi worra Yihudoota hin
te'in kolbaa tokko godheera.
15 Karaa kanaan nageya fidiisaaf, gosa
lamaanuu irraa ka te'e nama haareya isa woliin
wolii galu tokko dadiisaaf, Seera Yihudootaa
ajajootaa fi aadaa seerotaa woliin diige.
16 Fannoo irratti du'iisaan Kiristoos diinummaa
isaanii balleesse; inni fanno'oon worra lamaanuu
nafa tokko godhee Waaqaan wolitti araarse.

17 Maarre Kiristoos dhufee worra Waaqa irraa
fagaate, isin worra Yihudoota hin te'iniif, worra
gara Waaqaa dhikaate, isin worra Yihudootaati-
ifille, Oduu Gammadaa ta nageyaa maraafuu lal-
labe.
18 Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in, nuuti
martinuu karaa Kiristoosiitiin Ayyaana tokkoon
Abbaa bira geyiisa hin dandeenna.

19 Tanaaf, isin worri Yihudoota hin te'in ha-
ganaa achi orma yookiin alaga'aa moti; isin
amma miseensota maatii Waaqaatii fi kolbaa
Waaqaatiin woliin nama biyya tokkoo ti.
20 Isinille hundee ergantootii fi raagoti hun-
deessan irratti ijaarantaneertan; dhakaan roga
qaccee ijaarsaalle Kiristoos Yesuus.
21 Kiristoos Yesuusiin ijaarsi duudiin wolitti
qabamee, Galma Waaqaa woyyicha te'iisaaf
Gootta'aan guddata.
22 Isinille isumaan worra dhibii woliin addee
Waaqi Ayyaana ifiitiin jiraatu te'iisaan ijaarami-
isatti jirtan.

# 3

### *Phawuloos Worra Yihudoota Hin Te'iniif Lallabe*

1 Sababa kanaaf, ani Phawuloos, isin worra
Yihudoota hin te'iniif jedhee hidhamaa Kiristoos
Yesuusii te'eera.
2 Bu'aa teessaniif hujiisaaf akka Waaqi bad-
haadha ifiitiin hujii tana naaf kenneeru isin
dhugumaan dhageettaneertan.

3 Akkuma ani armaan gubba'atti gabaassee
isinii barreesse, Waaqi yaada ifii ka dhossa'aa
mudhisee akka ani beeku godheera.
4 Isin waan ani barreesseeru yoo dubbittane,
hubantii tiyya ta marroo dhossaa Kiristoosii
beekuu dandeettan.
5 Dhossaan tun tanaan dura ilmaan namaatitti
hin mudhifanne, Waaqi ammoo Ayyaanaan er-
gantoota woyyootaa fi raagota woyyoota ifiititti
amma mudhiseera.
6 Dhossaan tun, worri Yihudoota hin te'in karaa
Wongeelaatiin Yihudoota woliin worra dhaaluu
fi miseensa nafa tokkoo te'anee, waadaa Waaqi
karaa Kiristoos Yesuusiitiin gale keessalle'etti
qoodamiisa.
7 Ani karaa kennansa badhaadha Waaqaa, ka
hujii hunna isaatiin naaf kennameetiin tajaajilaa
Wongeela kanaa te'eera.
8 Ani kolbaa Waaqaa mara caalaa diqqaadha;
te'uu malee, Oduu Gammadaa ta marroo durum-
maa Kiristoosii muummee hin qannee worra Yi-
hudoota hin te'iniif akka lallabuuf Waaqi bad-
haadha kana naaf kenne.
9 Akkasuma karoorri dhossaa baroota
dabarane keessatti Waaqa waan mara dadeen
dhoffantee turtee, maan akka te'e, akka
mudhisuuf badhaadhi naa kenname.
10 Wonni tun teeteef, bara ammaa, karaa
wolde'a kiristaanaatiin, bulchitootii fi hunnooti
ol-gubba'aa qarooma Waaqaa bifa adda addaa
maraan akka beekanu.
11 Waaqi akkuma karoora isaa ka bara
baraatitti, karaa Goottaa keenna Kiristoos

**3:6** Qol. 1:26-27

Yesuusiitiin tana muummesse.
12 Nuuti Kiristoosiin waan jirruu fi isatti waan
dhugeeffanneerruuf, sodaa malee gara Waaqaa
dhikaatiisaaf ifi addii qanna.
13 Sababa ani isiniif rakkatiisatti jiruuf, akka ad-
dii hin kutanne isin kadhadha; wonni martinuu
ulfinna keessaniif teete.

### *Jaalala Kiristoosii*

14 Waan kanaaf ani Abbaa duratti jilbiiffadha.
15 Maatiin ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra jirtu marti
maqaa dhuga'aa Waaqa biraa fudhatti.
16 Durummaa ulfinna isaatiin keessi keessan
karaa Ayyaana isaatiin akka jajjabaatu hunna
akka isiniif kennu daadimadha.
17 Karaa dhugeeffanna'aatiin Kiristoos gadhaa
keessan keessa akka qubatu ani hin daadimadha.
Ani akka isin jaalalaan hiddaa fi hundee qabaat-
tanu daadimadha.
18 Jaalalli Kiristoosii hagam akka badhatuu fi
dheeratu, hagam akka ol fagaatuu fi gad fagaatu,
akka isin kolbaa Waaqaa mara woliin hunna
hubanti'ii qabaattanu,
19 akkasuma jaalala Kiristoosii ka beekkumsa
bira dabare te'e san beettanee, guutummaa
Waaqaa maraan akka guutantanu daadimadha.
20 Hunna amma nu keessa hujiisatti jirtuun
waan nuuti gaafatiisa, yookiin yaadatiisa dan-
deennu mara irra akka malee caalchisee hujiisa
ka dande'uuf,
21 Karaa wolde'a kiristaanaatii fi karaa Kiristoos
Yesuusiitiin bara baraan ulfinni Waaqaaf te'u!
Ameen.

# 4

## *Tokkummaa Nafa Kiristoosiitiin Jiru*

1 Ani sababa Goottaa tajaajiluuf hidhamaa
ka te'e, waamicha itti waamantane saniif akka
maletti akka leetanu isin gorsa.
2 Yennaa mara worra ifi gadi qabu, worra qa-
jeela'aa fi ossaameyyii te'a'a. Jaalalalle'een wol
dande'a'a.
3 Nageya wolitti isin qabu ka Ayyaanni
Woyyichi kennu eegatiisaaf waan dandeettanu
mara godha'a.
4 Akkuma addiin Waaqi itti isin waame takkaa
teete, nafa tokkoo fi Ayyaana tokkotti jira.
5 Akkasuma Goottaan tokko, dhugeeffannaan
tokko, cuupham tokko jira;
6 ammalle ka mara caalu, ka mara keessalle
huju, ka mara keessa jiraatu, Abbaa kolbaa maraa
ka te'e, Waaqa tokkochatti jira.
7 Akkuma safara kennansa Kiristoosiititti bad-
haadhi tokko tokkoo keennaaf kennameera.
8 Barreeffam Woyyichi,

«Inni gara gubba'aa yennaa ol baye,
boojuu hedduu booji'ee,
namootaaf kennansa kenne» jedha.

9 Amma, «Ol baye» jechuun maan jechuu isaa ti?
Duraan dursee biyya lafaa tana keessa addee gad
aantu'utti gad dhufeera jechu'u.
10 Maarre ka gad dhufe, waan duudii dhaggama
ifiitiin guutiisaaf kama ol-gubbaa maraan ol baye.
11 Inni worri gariin ergantoota, gariin raagota,
gariin lallaboota Wongeelaa, gariin toowattoota,

gariin barsiisota akka te'anuuf kennansa isaaniif kenne.
12 Inni nafa Kiristoosii ka te'e wolde'i kiristaanaa akka ijaaramuuf, kolbaa Waaqaa hujii tajaajila kiristaanaatiif qopheessiisaaf tana godhe.
13 Maarre marti keenna dhugeeffannaa teennaa fi Ilma Waaqaa beekiisaan tokko hin teena; ayyaanaan bilchaannee, nama geyaa teenee, haga Kiristoosii geenna.
14 Nuuti danbali'iin gara duraatii fi duubaa raafamaa, qilleensa barsiisa kolbaa dokonkorsitu'uu, ka maltumma'aan worra dhibii sobee dokonkorsuu fi asii achi afuufuun, haganaa achi ijoollee hin teenu.
15 Kanaa mannaa, jaalalaan dhugaa dubbataa, gara Kiristoosii mataa te'ee, karaa maraan guddanna.
16 Kiristoosiin nafi duudiin morgeyaan hidhamee wol qabatee, mitikaan nafaa marti wol qaqqabateera. Maarre yennaa mitikaan martinuu akka hujiisaaf maletti huju, nafi duudiin jaalalaan guddatee ifi ijaara.

### *Jiruu Haareya Kiristoosiin Dhaggantu*

17 Yoona akka worra yaadi isaanii bu'aa hin qannee, akka worra Yihudoota hin te'inii akka hin leene, maqaa Gootta'aatiin jabeessee isin gorsa.
18 Qalbiin isaanii dukkanootteerti; sababa beekuu hin barbaannee fi gadhaa jabeenna isaaniitiif jiruu Waaqi kennu irraa gargar bayaneeran.
19 Isaan fokkoo dhabanee, amala bada'aa fi battummaa mara hujiisaaf joljolanee ifi dabarsanee kennaneeran.

20 Marroo Kiristoosii wonni isin barattane
akkasii moti.
21 Dhugumaan marroo isaa dhageettaneertan;
dhugaa Yesuus keessa jirtulle barattaneertan.
22 Le'ii dullattii dur le'aa turtane, ta halchaa
sobaatiin badde san ifi irraa gata'a.
23 Ayyaana qalbii teessaniitiin haareffama'a.
24 Jiruu haareya, balchumma'aa fi woyyum-
maa dhuga'aatiin ifi mudhittu, ta fakkeenna
Waaqaatiin dadante san uffadha'a.
25 Maarre, yoona soba lakkisa'a! Nafa Kiris-
toosiitiin marti keenna miseensa wolii waan tee-
neef, dhugaa wolitti dubbannuu ti.
26 Isin yoo mufattane, mufiin teessan gara cub-
buu isin hin geessin; mufii teessan irratti aduun
isinitti hin seenin.
27 Seexanaafille karaa hin kennina'a.
28 Ka hatu hanna lakkisee, worra rakkata'aafille
waan kennu akka qabaatu, harka ifiitiin hujii
dansaa elowee addatamaan hujuu ti.
29 Dubbii bu'aa qadduu fi akka barbaachittetti
ta ijaartu, worra dhage'uufille badhaadha ta ken-
nitu malee, dubbiin hantuun afaan keessanii hin
bayin.
30 Guyyaa itti wodantanuuf chaappaa* ittiin
mallatteeffantane, Ayyaana Woyyicha Waaqaa
hin gaddisiisina'a.
31 Hammeenni hadhawaan, mufiin, aariin,
caanci moroma'aa, arrabii fi hammeenni
martinuu isin irraa fagaattu.
32 Akkuma Waaqi karaa Kiristoosiitiin isiniif
araarame, woliif araarama'a, woliif arjooma'a,

* **4:30** *Chaappaa:* Beessisa

gadhaalle woliif laafa'a.

# 5

*Ifa Keessa Jiraachuu*

1 Isin jaalatantoota ijoollee Waaqaa eega teeta-
nee, fakkeenna isaa gula deema'a.
2 Akkuma Kiristoos nu jaalatee, akka kennansa
uddowa'aa fi woreega Waaqa gammachiisuu,
jiruu ifii akkuma nu'uuf kenne, isinille jaalalaan
jiraadha'a.
3 Isin kolbaa Waaqaa eega teetanee,
sagaagaluun yookiin battummaan martinuu
yookiin joljolummaan wodhakkaa teessanitti
te'uu lakkisiitii, oduunuu dhage'amuu hin qaddu.
4 Waaqa galateeffadha'a malee, dubbii gurratti
hin tolle, dubbii shufuroo, dubbii fokkisiittu hin
dubbatina'a.
5 Sagaagaltichi, yookiin battichi, yookiin
joljoltichi jechuun ka waaqa dharaa waaqonfatu
mootummaa Kiristoosiitii fi Waaqaa keessatti
qooda akka hin fudhanne beeka'a.
6 Eennulle dubbii dharaatiin isin hin sobin;
sababa waan kanaatiif mufiin Waaqaa worra
isaaf hin ajajanne irratti hin dhutti.
7 Tanaaf kolbaa akkasii woliin tokkummaa hin
qabaatina'a.
8 Isin dur dukkana keessa turtane, kolbaa
Gootta'aa eega teetane ammoo, ifa keessa jirtan.
Maarre isin akka kolbaa ifaa jiraadha'a.
9 Sababille wonni dansaan marti,
balchumma'aa fi dhugaan ifa keessaa madditi.

**4:32** Qol. 3:13

10 Waan Goottaa gammachiisu qorqora'aatii
bira geya'a.
11 Hujii dukkanaa, ta bu'aa hin qanne san, ifatti
baasa'a malee, itti hin hirmaatina'a.
12 Waan isaan dhossa'atti hujanee dubbatiis-
inuu hin fokkifachiisa.
13 Wonni marti yennaa gara ifaa baate, bifi isi'ii
dhugichi ifa te'ee hin mudhata;
14 Sababille ifi waan mara mudhisa*. Tanaaf,
«Ati ka rafiisatti jirtu, dammaqi!
Du'a keessaa ka'i!
Kiristoos si'iif hin issa» jedhame.
15 Maarre isin attam akka leetanu ifi
hubadha'aa ilaalladha'a. Akka qaroole'ee malee,
akka gowwoole'ee hin le'ina'a.
16 Barri kun hamaa waan te'eef, yennaa dagu'uu
maratti fayyadama'a.
17 Fedhiin Gootta'aa maan akka teete hubadha'a
malee, gowwoolee hin te'ina'a.
18 Ayyaana Woyyichaan guutama'a malee,
daadhii woyni'ii ta isin balleessituun, hin
machowina'a.
19 Faaru'uu fi faaruu leellisaatiin, faaruu
Ayyaanaatille'een woliin dudubbadha'a; faaru'uu
fi faaruu leellisaatiin gadhaa keessan keessatti
Goottaa galateeffadha'a.
20 Maqaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin,
waan maraaf, yennaa mara, Waaqa Abba'aaf
galata galcha'a.

## *Abbaa Manaatii Fi Haadha Manaa*

---

* **5:14** *Ifi waan mara mudhisa:* Yookiin wonni ifa te'ee mudhatu duudiin ifa **5:16** Qol. 4:5

21 Ulfinna Kiristoosiitiif jedha'aatii woliif aja-
jama'a.
22 Haadhotiin manaa, akkuma Goottaa Yesu-
usiif ajajamanu abbootii manaatiif ajajamanuu ti.
23 Akkuma Kiristoos wolde'a kiristaanaatiif
mataa te'e, abbaan manaa haadha manaatiif
mata'a; Kiristoos nafa isaa ka teete, wolde'a
kiristaanaatiifille fayyisa'a.
24 Wolde'i kiristaanaa Kiristoosiif akkuma aja-
jamu haadhotiin manaa abbootii manaa isaani-
itiif waan maraan ajajamanuu ti.
25 Abbootii manaa! Akkuma Kiristoos wolde'a
kiristaanaa jaalatee ifi dabarsee kenne, isinille
haadhotii manaa teessan jaaladha'a.
26 Inni wolde'a kiristaanaa karaa Jecha ifiitiin
bisaaniin dhiqee qulqulleessee, Waaqaaf woyy-
oonsiisaaf tana godhe.
27 Maarre akkasiin xurii yookiin shuntuurata
fuulaa yookiin wonni hantuun akkasii irratti
adoo hin dhaggamin, Woyyicha, ka komii hin
qanne, shaggaa godhee, wolde'a kiristaanaa gara
ifii dhikeessa.
28 Akkasuma, abbootiin manaa akkuma nafa ifii
jaalattu haadhotii manaa ifiille jaalatuu ti. Ka
haadha manaa ifii jaalatu ifi jaalata.
29 Nami nafa ifii jibbu hin jiru; ammoo akkuma
Kiristoos wolde'a kiristaanaatiif godhu, hin
nyaachisa, hin qananiisa.
30 Sababille nuuti mitikaa nafa Kiristoosii ti.
31 Barreeffam Woyyichi, «Sababa kanaaf nami
haadhaa fi abbaa lakkisee, haadha manaa ifiititti
maxxana; lamaanuu tokko hin te'an» jedha.

**5:22** Qol. 3:18; 1 Phex. 3:1 **5:25** Qol. 3:19; 1 Phex. 3:7

32 Kun dhossaa guddo'o; ani marroo Kiristoosi-
itii fi marroo wolde'a kiristaanaa dubbatiisatti
jira.
33 Te'uu malee, isin martinuu akkuma ifi jaalat-
tanu haadha manaa teessan jaaladha'a; haati
manaalle abbaa manaa ifii ulfeessituu ti.

# 6

### *Ijoolle'ee Fi Worra Isaanii*

1 Ijoolle! Waan barbaachisaa te'eef, abbooti'ii
fi haadhotii teessaniif akka Goottaan fedhutti aja-
jama'a.
2 «Abba'aa fi haadha teeti ulfeessi» ajaja jedhu
woliin addiin qara kennante:
3 «Dansaan akka siif teetuu fi lafa irra bara
dheeraa akka leetu» jedha.
4 Abbootii! Ijoollee teessan adabaa fi gorsa
Gootta'aatiin guddisa'a malee, akka aartu hin god-
hina'a.

### *Goottotaa Fi Garboota*

5 Garboota! Isin akkuma Kiristoosiif ajajan-
tanu, gadhaa tokkochaan, soda'aa fi rommiisaan
goottota teessan ta biyya lafaatiif ajajama'a.
6 Isaan gammachiisuu qofaaf, ila isaanii
dura calla'atti adoo hin te'in, akka garbicha
Kiristoosiititti, gadhaa tokkoon fedhii Waaqaa
muummessa'a.
7 Akkasuma nama adoo hin te'in, akka Goottaa
tajaajiltanutti, gammadaan tajaajila'a.
8 Garbichalle te'ee yookiin ka garbicha hin te'in,
hujii dansaa hujeef, Goottaa biraa gatii akka fud-
hatu hin beettan.

9 Isinille goottole'e! Goottaan keessanii fi garboota teessanii ka nama wol hin caalchinne, akka ol-gubbaa jiru waan beettanuuf, sossodaachisiisa lakkisa'aatii, garboota teessaniif dansaa godha'a.

### *Meya Woraanaa Ka Waaqaa*

10 Yoona, Gootta'aa fi hunna isaa jaddu'uun
jabaadha'a.
11 Maltummaa Seexanaatiin mormuu akka dandeettanu, meya woraanaa ka Waaqaa duudii hidhadha'a.
12 Wodhaantoon teenna ilmaan namaatiin
mormiisa adoo hin te'in, bulchitoota, worra baallii qabanuu fi hunna biyya lafaa ta dukkanaa tana ka te'ane, irree ayyaana hamaalessa olgubba'aatiin mormiisa.
13 Maarre guyyaa hamaa san, hunna diinaa
adhatiisa akka dandeettanuuf, waan mara muummessitanee*, jabaattanee dhaabbatiisa akka dandeettanu, meya Waaqaa ka woraanaa mara hidhadha'a.
14 Tanaaf, dhugaa akka hiitu'uu hidha
keessanitti hidhadha'aatii, balchummaa akka qomoo sibiilaa keyadha'aa dhaabbadha'a.
15 Wongeela nageyaalle akka Kophe'ee miilatti
keyadha'aatii qophowa'aa dhaabbadha'a.
16 Kana mara woliin, daayota hamaalessaa ka
bobe'u mara, dhugeeffannaa ittiin dhaanfuu dandeettanu, akka wonte'ee qabadha'a.
17 Fayyinna akka gullee sibiilaa keyadha'a;
Jecha Waaqaa ka Ayyaanni Woyyichi isinii kennulle akka shallaaga'aa qabadha'a.

---

* **6:13** *Waan mara muummessitanee:* Haga muumme'ee loltanee

18 Yennaa daadimattanuu fi gaafattanu
mara Ayyaana Woyyichaan sooreffamaa
daadimadha'a. Akkasiin kolbaa Waaqaa maraaf
dammaqa'aatii jabaadha'aa daadimadha'a.
19 Dhossaa Wongeelaa sodaa malee beessisi-
isaaf, yennaa ani dubbatiisaaf qophowe, Waaqi
akka jecha naaf kennu analle'eef daadimadha'a.
20 Ani amma wodaroo sibiilaatiin hidhamee ji-
raadhulle, ergamaa Wongeela kanaa ti. Tanaaf
akka dubbatu'uuf maletti, marroo Wongeelaa so-
daa malee akka ani dubbadhu daadimadha'a.

### *Muummee Irratti Nageya Dhaame*

21 Obboleessi keenna Xikiqoosiin jaalatama'aa
fi tajaajila hujii Gootta'aatiin addatamaan, waan
ani hujiisatti jiruu fi attam akka ani jiru akka
beettanu, waan mara isinitti hin hima.
22 Nuuti martinuu attam akka jirru akka beet-
tanuu fi akka isin jajjabeessuuf, isa gara keessan
erga.
23 Waaqa Abbbaa biraa, Goottaa Yesuus Kiris-
toos biralle'ee, nageennii fi jaalalli dhugeeffannaa
woliin kiristaanota† maraaf te'uu ti.
24 Badhaadhi Waaqaa worra Goottaa keenna
Yesuus Kiristoos jaalala hin banneen jaalatu
maraaf te'uu ti.

**6:21** HuE. 20:4; 2 Xim. 4:12 † **6:23** *Kiristaanota:* Obboleeyyan

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e